WAAJJIRA AFYAA'IIFI CAFFEE
OROMIYAATIIN KAN QOPHAA'E

Waggaa 9ffaa .... Lak. 12	Adaamaa, Adoleessa 2/95
፱ኛ ዓመት .... ቁጥር ፲፪	አዳማ ሐምሌ ፪ ቀን ፲፱፻፺፭
9th year .... No. 12	Adama, July, 9th 2003

MAGALATA OROMIYAA
መገለተ ኦሮሚያ
MEGELETA OROMIA

Gatiin Tokkoo .... 8.55 ያንዱ ዋጋ .... ,, Unit Price .... ,,	Too'annaa Caffee Mootummaa Naannoo Oromiyaatiin Kan Bahe በኦሮሚያ ክልላዊ መንግሥት ም/ቤት ጠባቂነት የወጣ	Lakk. S. Poostaa .... 101769 የፖ·ሣ·ቁጥር .... ,, P.O.Box .... ,,

QABEENTAA	ማውጫ	CONTENT
Labsii Lakk. 76/1995	አዋጅ ቁጥር ፸፮/፲፱፻፺፭	Proclamation 76/2003

LABSII LAKK. 76/1995
LABSII TAAKSII EKSAAYIZII

Galii Mootummaa naannichaa guddisuuf Meeshalee filataman tokko tokko-irratti baasii qaama omishaa ta'ee kan kaffalamu taaksii eksaayzii buusuu barbaachisaa ta'ee waan argameef,

Taaksiin kun meeshaale bashannanaa akkasumas meeshaale kan bu'uuraa ta'uu isaaniif fedhiin gabaa isaanii kan hin hira'ane irratti akka ba'u gochuun sirrii ta'uunsaa waan itti amanameef.

Taaksicha meeshaallee fayyaa hawaasichaa miidhanii fi rakkoo hawwasuummaa hordofsiisan irratti buusuun karaa itti fayyadama isaa hir'isu tiin gahee waan qabatuuf, bu'ura tuma heera mootummaa Naannoo Oromiyaa keeyyata 49 (3) (a) tiin kan kanatti aanu labsameera.

KUTAA 1
Waliigala

1. *Mata duree gabaabaa*

Labsiin kun "labsii taaksii eksaayzii lakk 76/1995" jedhamee waamamuu ni dandaa'a.

አዋጅ ቁጥር ፸፮/፲፱፻፺፭
የኤክሳይዝ ታክስ አዋጅ

የክልሉን መንግሥት ገቢ ለማሳደግ በአንዳንድ የተመረጡ ዕቃዎች ላይ የማምረቻ ወጪ አንድ ክፍል ሆኖ የሚከፈል የኤክሳይዝ ታክስ መጣል አስፈላጊ ሆኖ ስለተገኘ፤

ይህ ታክስ የቅንጦት እንዲሁም መሠረታዊ በመሆናቸው ምክንያት የገበያ ፍላጎታቸው በማይቀንስ ዕቃዎች ላይ እንዲጣል ማድረግ ተገቢ መሆኑ ስለታመነበት፤

ታክሱ የኅብረተሰቡን ጤና በሚጎዱ እና የማኅበራዊ ችግር በሚያስከትሉ ዕቃዎች ላይ መጣሉ አጠቃቀሙን በመቀነስ ረገድ አስተዋጽኦ ስለሚኖረው፤ በክልሉ ሕገ-መንግሥት አንቀጽ ፵፱/(፫)/ሀ/ መሠረት የሚከተለው ታውጇል።

ክፍል አንድ
ጠቅላላ

፩· አጭር ርዕስ

ይህ አዋጅ "የኤክሳይዝ ታክስ አዋጅ ቁጥር ፸፮/፲፱፻፺፭" ተብሎ ሊጠቀስ ይችላል።

PROCLAMATION NO. 76/1995
EXCISE TAX PROCLAMATION

WHEREAS, to improve the regional government revenue it has become necessary to impose excise tax payable on selected goods;

WHEREAS, it is believed that this tax should be imposed on luxury goods and basic goods, which are demand inelastic;

WHEREAS, it is believed that imposing the tax on goods that are hazardous to health of the public and which are cause to social problems will reduce the consumption thereof;

NOW, THEREFORE, in accordance with Article 49(3) (a) of the Regional Constitution, it is hereby proclaimed as follows:

SECTION 1
General

1. Short Title

This Proclamation may be cited as the "Excise Tax Proclamation No. 76/2002."

2. *Hiikka*

Akkaataan itti fayyadamni jechasaa hiikka biroo kan kennisisuuf yoo ta'e malee labsii kana keessatti,

1) ''Nama'' jechuun nama uumamaa kamiyyuu ykn qaama seeraan mirgi namummaa kennameefidha.
2) ''Fichisiisaa'' jechuun nama meeshaalee labsii kanaan taaksiin eksaayizii irratti bu'e gara biyyati galchu jechuudha.
3) ''Dhaabbata'' jechuun kubbaaniiyaa hojii daldalaa adeemsisu kamiyyuu ykn waldaa michummaa galmaa'e ykn dhaabbata kubbaaniyaa ykn waldaa michummaa galmaa'e wajjin walfakkaatu fi bu'uura seera biyya alaatiin kan dhaabbate ykn dhabbata hojii misooma mootummaa ykn dhaabbata maallaqaa yemmuu taa'u, qaama biyaa alaa jiru bakka bu'uun bakka bu'aa Itiyophiya keessati hojii daldalaa adeemsisu fi seera Itiyophiya ykn biyya biraa ragga'ee ittiin dhaabbataati socho'u dabalaata.
4) Alkoolii qulqulluu'' jechuun alkoolii qulqullinni isaa diigirii 80 ykn kan kana caaluu jechuudha.
5) ''Alkoolii'' jechuun Alkoolii etiill (Ethyl) jechuudha.
6) ''Abba taayitaa taaksii'' jechuun Biiroo maallaqa fi Misooma Dinagdee Oromiyaa fi dameewwaan isaa Godinnalee, Aanaalee fi magaalota keessatti qaamota galii murteesuf, walitti qabuuf, hordofuu fi bulchuuf dhaabatan jechuudha.
7) ''Manakuusaa Meeshaa'' jechuun bu'uura abbaan taaytaa taaksii hayyamuun kan eegamuu fi mana ykn bakka meeshaan taaksiin itti hin kaffalamin taa'udha.
8) ''Baasii omiishaa' jechuun meeshaa dheedhii fi humna kallatiin hojii omishaatif oolan, baasii kallattii hin taanee fi baasii ovar heedii (overhead) yoo ta'u, hir'ifama dullumaa meeshaa omishaaf Shallagamu hin dabalu.
9) ''Kaffalaa taaksii'' jechuun kaffalaa taaksii Eksaayiziiti.
10) ''Biiroo'' fi ''Oogganaa'' jechuun akka walduraa duuba isaatii Biiroo Maallaqaa fi Misoma Dinagdee Oromiyaa fi Oogganaa Biiroo Maallaqaa fi Misooma Dinagdee Oromiyaati.
11) ''Mootummaa Naannichaa'' jechuun Mootummaa Naannoo Oromiyaati.

፪· ትርጓሜ

የቃሉ አገባብ ሌላ ትርጉም እንዲሰጠው ካላስፈለገ በስተቀር በዚህ አዋጅ ውስጥ ፣

፩· "ሰው" ማለት ማናቸውም የተፈጥሮ ሰው ወይም በሕግ የሰውነት መብት የተሰጠው አካል ነው ፣
፪· "አስመጪ" ማለት በዚህ አዋጅ የኤክሳይዝ ታክስ የተጣለባቸውን ዕቃዎች ወደ አገር የሚያስገባው ሰው ነው ፣
፫· "ድርጅት" ማለት ንግድ ሥራ የሚያካሂድ ማናቸውም ኩባንያ ወይም የተመዘገበ የሽርክና ማኅበር ወይም ከኩባንያ ወይም ከተመዘገበ የሽርክና ማኅበር ጋር ተመሳሳይ የሆነና በውጭ አገር ሕግ መሠረት የተቋቋመ ድርጅት ወይም ማናቸውም የመንግሥት የልማት ሥራ ድርጅት ወይም የገንዘብ ድርጅት ሲሆን ፣ በውጭ አገር ያለን አካል በመወከል በኢትዮጵያ ውስጥ የንግድ ሥራ የሚካሂደውን ወኪል እና ፀንቶ በሚሠራበት በኢትዮጵያ ወይም በሌላ አገር ሕግ ተመሥርቶ የሚንቀሳቀ ሰውንም ይጨምራል፤
፬· "ንፁህ አልኮል" ማለት ጥራቱ ሰማኒያ ዲግሪ ወይም ከዚህ የበለጠ የሆነ አልኮል ማለት ነው፤
፭· "አልኮል" ማለት ኤሴል አልኮል ነው ፤
፮· "የታክስ ባለሥልጣን" ማለት የኦሮሚያ የገንዘብና የኢኮኖሚ ልማት ቢሮ እና በተለያዩ የክልሉ ክፍሎች የተቋቋሙ ዞኖችና ወረዳዎች እንዲሁም የክልሉ የከተማ መስተዳድሮች ውስጥ ገቢ ለመወሰን ፣ ለመሰብሰብ ፣ ለመከታተልና ለመስተዳደር የተቋቋሙ አካላት ናቸው ።
፯· "የዕቃ መጋዘን" ማለት የታክሱ ባለሥልጣን በሚፈቅደው መሠረት የሚጠበቅና ታክስ ያልተከፈለበት ዕቃ የሚቀመጥበት ቤት ወይም ሥፍራ ነው ።
፰· "የማምረቻ ወጪ" ማለት ለምርት ተግባር በቀጥታ የሚውሉ ጥሬ ዕቃዎችና የጉልበት ዋጋ ፤ ቀጥተኛ ያልሆኑ ግብዓቶች ወጪ እና ኦቨር ሄድ ወጪ ሲሆን ፣ ለማምረቻ መሣሪያዎች የሚታሰበውን የእርጅና ቅናሽ አይጨምርም ፤
፱· "ታክስ ከፋይ" ማለት የኤክሣይዝ ታክስ ከፋይ ነው፤
፲ "ቢሮ" እና "የቢሮ ኃላፊ" ማለት እንደቅደም ተከተሉ የኦሮሚያ የገንዘብና የኢኮኖሚ ልማት ቢሮ እና የኦሮሚያ የገንዘብና የኢኮኖሚ ልማት ቢሮ ኃላፊ ነው።
፲፩· የክልሉ መንግሥት ማለት የኦሮሚያ ብሔራዊ ክልላዊ መንግሥት ማለት ነው ።

2. *Defintions*

In this Proclamation, unless the context otherwise requires:

1) ''Person'' means a physical or juridical person:
2) ''Importer'' means any person who imports goods which are under the excise tax into the country;
3) ''Organization'' means any company, registered partnership or entity formed under foreign law resembling a company or registered partnership, or any public enterprise or public financial agency that carries out business activities including body of persons corporate or unincorporated whether created or recognized under a law in force in Ethiopia or elsewhere, and any foreign body's business agent doing business in Ethiopia on behalf of the principal.
4) ''Pure Alcohol'' means alcohol of purity of 80 degrees or more;
5) ''Alcohol'' means Ethyl Alcohol;
6) ''Tax Authority'' means the bureau, Zonal department, Wereda and municipality finance and economic development office, which are recognized under a law in force in Oromia to assess, collect, follow up and administer revenue.
7) Bonded Warehouse'' means the building or place destined for storage of specified goods before the tax is paid, secured in accordance with requirements of the Tax Authority.
8) ''Cost of Production'' means direct labor and raw material cost incurred in the production process, cost of indirect inputs and overhead costs, but does not include depereciation costs of machineries;
9) ''Tax payer'' means a person liable to pay Excise Tax;
10) ''Bureau'' and ''Bureau'' head means Oromia Bureau of Finance and Economic Development, and the Bureau Head of Oromia Finance and Economic Development respectively.
11) ''The Regional Government'' means the Regional Government of Oromia.

3. *Raawwatiinsa Labsichaa*

Sirna Taaksichaa walisimsiisuf jecha tumootni Labsii Taaksii Eksaayizii Mootummaa Federaalaa Labsii kana keessatti kan hammataman yoo ta'e iyyuu Labsiin kun kan raawwatama qabaatu, akkaataa Heera Mootummaa Federaalaa keewwata 97 tiin Aangoo gibiraa Mootummaa Naannoleef addaan bahee kenname keessatti kaffaltoota gibiraa hammataman fi facaatii labsii kana wajjiin walitti qabatan keessati meeshaalee tarreeffaman irratti ta'a.

KUTAA 2

Hanga Kaffaltii, Bu'uura Shalaggii Fi Akkaataa Kaffalti Taksii Eksaayizii

4. *Hamma Taaksiin Eksaayizii ittiin Kafaalamu*

Facaatii labsii kanatti qabate keessatti meeshaalee tarreeffaman,

(a) Biyaa alaatii gara biyya keessatti yemmuu galan,

(b) Yemmuu biyya keessatti oomishaman, bu'uura hamma kaffalii facaatiicha irratti ibsameen taaksiin eksayizii irratti ni kaffalama.

5. *Buu'uura shallaggii Taaksii Eksaayizii*

Gatiin taaksichi ittiin shallagamu,

1) Meeshaalee biyya keessati oomishamaniif baasii ittin oomishaman,

2) Meeshaalee gara biyya keessaati galaniif gatii meeshaa, baasii Inshuuraansii fi baasii geejjibaa (C.I.F) ta'a.

6. *Akkaata kaffaltii Taaksii Eksaayizii*

1) Taaksiin Eksaayizii,

(a) Meeshaalee biyya keessati oomishaman irrati oomishaadhaan,

(b) Meeshaalee gara biyya keessati galan irrati fichisiisaadhan yeroo labsii kana keewwata xiqqa 2n murtaa'e keessati ni kaffalama.

2) Yeroo Kaffaltii:-

(a) Bu'uura keewwata kana keewwata xiqqaa 2 (b) tiin murtiin addaa yoo kenname malee meeshaaleen facaaticha keessati ibsamen,

1) Yeroo gara biyyaati galan fichisiisaan yeroo meeshaalee naannoo gumruukiiti baasu,

2) Yemmuu biyya keessatti oomiishaman guyyaa oomishamanii kaase guyyootaa 30 keessati taaksiin eksaayizii ni kaffalama.

፫· <u>የአዋጁ ተፈጻሚነት</u>

የታክሱ ሥርዓት እንዲዋሃድ የፌዴራል መንግሥት የኤክሳይዝ ታክስ አዋጅ ድንጋጌዎች በዚህ አዋጅ ውስጥ እንዲታቀፉ ቢደረጉም ይህ አዋጅ ተፈፃሚነት የሚኖረው በፌዴራል ሕገ-መንግሥት አንቀጽ ፺፯ መሠረት ለክልል መንግሥታት ስለ ግብር አሰባሰብ እና አወሳሰን በተሰጣቸው ሥልጣን መሠረት በታቀፉት የግብር ከፋይዮችና ከዚህ አዋጅ ጋር በተያያዘው ሠንጠረዥ በተዘረዘሩት ዕቃዎች ላይ ነው ።

<u>ክፍል ሁለት</u>

<u>የኤክሳይዝ ታክስ ማስከፈያ ልክ የስሌቱ መሠረት ፣ አከፋፈል</u>

፬· <u>የኤክሳይዝ ታክስ ማስከፈያ ልክ</u>

ከዚህ አዋጅ ጋር በተያየዘው ሠንጠረዥ ውስጥ የተዘረዘሩት ዕቃዎች

ሀ) ከውጭ ወደሀገር ውስጥ ሲገቡ፣

ለ) በአገር ውስጥ ሲመረቱ ፣ በሠንጠረዡ በተመለከተው የማስከፈያ ልክ መሠረት የኤክሳይዝ ታክስ ይከፈልባቸዋል።

፭· <u>የኤክሳይዝ ታክስ ስሌት መሠረት</u>

ታክሱ የሚሠላበት ዋጋ

፩· በአገር ውስጥ ለተመረቱት ዕቃዎች የማምረቻ ወጪው ፣

፪· ወደ አገር ውስጥ ለሚገቡ ዕቃዎች፣ የዕቃው ዋጋ የመድኀን አረቦን እና የማጓጓዣ ወጪ (ሲ·አይ·ኤፍ) ይሆናል ።

፮· <u>የኤክሳይ ታክስ አከፋፈል</u>

፩· የኤክሳይዝ ታክስ፣

ሀ) በአገር ውስጥ በሚመረቱ ዕቃዎች ላይ በአምራቹ፣

ለ) ወደአገር ውስጥ በሚገቡ ዕቃዎች ላይ በአስመጪው በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ (፪) በተወሰነው ጊዜ ውስጥ ይከፈላል ።

፪· የክፍያው ጊዜ ፣

ሀ) በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ (፪) (ለ) መሠረት የተለየ ውሣኔ ካልተሰጠ በስተቀር በሠንጠረዡ የተመለከቱት ዕቃዎች፣

፩· ወደ አገር ሲገቡ አስመጪው ዕቃዎቹን ከጉምሩክ ክልል በሚያወጣበት ጊዜ ፣

፪· በአገር ውስጥ ሲመረቱ ከተመረቱበት ቀን ጀምሮ በ፴ ቀናት ውስጥ የኤክሳይዝ ታክስ ይከፈላል።

3. *Scope*

Though for the purpose of harmonizing the tax system the provisions of the Federal Government Excise Tax Proclamation are included, this proclamation shall apply on goods listed in the schedule attached to this Proclamation only in accordance with the power vested to the Regional governments by the Provision of the Federal governments Constitution Article 97.

SECTION 2

The Rate, Base and Payment of Excise Tax

4. *Rate of Excise Tax*

The Excise Tax shall be paid on goods mentioned under the schedule attached to this Proclamation:

(a) when imported;

(b) when produced locally at the rate prescribed in the schedule.

5. *Base of Computation of Excise Tax*

1) In respect of goods produced locally, the cost of production;

2) In respect of goods imported, cost, insurance and freight (C.I.F);

6. *Payment of Excise Tax*

1) The Excise Tax shall be paid within the time prescribed under Sub-Article (2) of this Article.

(a) In respect of goods produced locally, by the producer;

(b) In respect of goods imported, by the importer.

2) Time of payment:

(a) Unless decided otherwise, as provided for under Sub-Article 2(b) of this Article, the Excise Tax on goods specified under the schedule shall be payable.

1) When imported at the time of clearing the goods from customs area;

2) When produced locally, not later than 30 days from the date of production;

(b) Akkaata Abbaan taayitaa taaksii hayyamuun omishaan meeshaalee oomishaman otoo taaksii hin kaffaliin mankuusaa meeshaa keessa kaa'uuf hayyama yoo gaafatee fi Abbaan taayitaa taaksiis yoo kana hayyame meeshawwan haala kanaan taa'an irratti meeshaaleen akkuma mankuusaa keessaa bahaniin yeroodhuma sana taaksiin ni kaffalama.

(c) Abbaan taayitaa taaksii sochiin hojii oomishaa man-kuusaa kan isa barbaachisu ta'ee yoo arge mankuusa akkasii akka dhaabbatu ni hayyamaaf. Haala mankuusichi hojisaa ittin geggeesus qajeelfamaan ni murteessa. waan ta'eef bakka bu'aan Abbaa taayitaa taaksii bakka sanati yoo argamee fi too'ate malee meeshaa gosa kamiyyuu man kuusaa keessa kaa'uu ykn akka bahu gochuun hin danda'amu.

(d) Oomishaan herregaa fi sanadoota seera qabeessa ta'an otoo hin qabatiin yoo hafe ykn ibsa herregaa ji'a ji'aan otoo hin dhiheessuu baate ykn yeroo Labsii kanaan murtaa'e keessatti yoo kaffaluu baate ykn ibsi herregaa dhiheesse qorannaadhan yoo sirri ta'e hin argamne ta'e hanga taaksichi kaffalamuti omishaan meeshaa kamiyyuu iddoo itti omishamuu ykn man-kuusaa meeshaa keessaa akka hin baane Abbaan taaytaa taaksii dhorkuu ni danda'a.

7. *Akkaataa taaksiin eksaayizii itti murtaa'u*

1) Abbaan taayitaa taaksii galmeewwan herregaa fi sanadoonni Oomishichaa sirriitti qabamuusaani fi oomishaanis bu'uura labsii kana keewwata 8 (b) tiin ibsi herregaa ji'a ji'aan dhiyaatu sirrii ta'uusaa yammuu fudhate, taaksiin bu'uura ibsa herregichaatiin kaffalame sirrii ta'eetu lakkaa'ama.

2) Abbaan taayitaa taaksii herreega kaffalaa taaksii erga qoratee booda kaffalaan taaksiidhaa taaksii kaffaluu qabu hir'isee beeksisuu isaa yoo bira gahe murtii taaksii dabalataa ni kenna.

ለ) አምራቹ የተመረቱትን ዕቃ ዎች የታክሱ ባለሥልጣን በሚ ፈቅደው የዕቃ መጋዘን ውስጥ ታክስ ሳይከፍልበት ለማስ ቀመጥ ፈቃድ የጠየቀ እንደሆነና የታክሱ ባለሥልጣንም ይህንኑ ከፈቀደ በዚህ ሁኔታ በተቀ መጡት ዕቃዎች ላይ ታክሱ ዕቃዎቹ ከመጋዘን እንደወጡ ወዲያውኑ ይከፈላል።

ሐ) የታክሱ ባለሥልጣን የአምራቹ የሥራ እንቅስቃሴ የዕቃ መጋዘን የሚያስፈልገው ሆኖ ሲያገኘው እንዲህ ያለውን መጋዘን እንዲያቋቁም ይፍቅድ ለታል ። የዕቃ መጋዘኑ ሥራውን የሚመራበት ሁኔታም በመመሪያ ይወሰናል ። ስለሆነም የታክሱ ባለሥልጣን ወኪል በሥፍራው ካልተገኘና ካልተቆጣጠረ በስተቀር ምንም ዓይነት ዕቃ በመጋዘን ውስጥ ለማስቀመጥ ወይም ከመጋዘኑ እንዲወጣ ለማድረግ አይቻልም።

መ) አምራቹ ተገቢ የሆኑትን የሂሣብ መዝገቦችና ሠነዶች ሳይዝ የቀረ እንደሆነ ወይም የየወሩን የሂሣብ መግለጫ ያላቀረበ እንደሆነ ወይም በዚህ አዋጅ በተወሰነው ጊዜ ውስጥ ታክሱን ያልከፈለ እንደሆነ ወይም ያቀረበው የሂሣብ መግለጫ በመርመራ ትክክለኛ ሆኖ ያልተገኘ እንደሆነ ታክሱ እስኪከፈል ድረስ የታክሱ ባለ ሥልጣን አምራቹ ማንኛውንም ዕቃ ከማምረቻው ቦታ ወይም ከዕቃው መጋዘን ውስጥ እንዳ ያወጣ ለመከልከል ይችላል ።

፯· <u>የኤክሳይዝ ታክስ አወሳሰን</u>

፩· የታክሱ ባለሥልጣን የአምራቹ የሂሣብ መዝገቦችና ሠነዶች በሚገባ መያዛቸውንና አምራቹ በዚህ አዋጅ አንቀጽ ፰ (ለ) በተመለከተው መሠረት የሚያ ቀርበው የየወሩ የሂሣብ መግለጫ ትክክል መሆኑን ሲቀበል በሂሣብ መግለጫው በተመለከተው መሠረት የተከ ፈለው ታክስ ትክክለኛ ሆኖ ይቆጠራል ።

፪· የታክሱ ባለሥልጣን የታክስ ከፋዩን ሂሣብ ከመረመረ በኋላ ታክስ ከፋዩ ሊከፍል የሚገባውን ታክስ አሳንሶ ያስታወቀ መሆኑን የደረሰበት እንደሆነ ተጨማሪ የታክስ ውሣኔ ይሰጣል ።

(b)) Where the tax payer requests for permission to deposit goods produced in a bonded warehouse without payment of tax and if the request is approved by the Tax Authority the payment of the tax on such goods so deposited shall be effected at the time they are being removed from the bonded Warehouse;

(c) If the Tax Authority believes that the activity of the taxpayer requires a Bonded Warehouse may give him permission to establish such Bonded Warehouse. The conditions under which the Bonded Warehouse operates shall also be laid down by directive to be issued by the Tax Authority. No goods shall, therefore, be deposited in or removed from a Bonded Warehouse except in the presence and under the control of a representative of the Authority;

(d) Where a producer fails to keep proper accounts and records or fails to submit a montly declaration or fail to pay the tax within the time limit prescribed in this Proclamation or submits a declaration which upon in investigation is found incorrect the Tax Authority shall be empowered to forbid the producer to remove any good from the place of production or Bonded Warehouse.

7. *Assessment of the Excise Tax*

1) If the Tax Authority accepts that the books and records maintained by the producer are properly kept and that the monthly declaration submitted by him pursuant to Article 8(b) of this proclamation is correct, the tax paid in accordance with the monthly declaration shall be considered accurate.

2) If, after review by the Tax Authority, it appears that a person has understated his tax obligation, the Authority shall issue an additional assessment.

3) Murtiin abbaan taayita taaksii kenne beeksisaan qophaa'ee kaffalaa taaksiif ni ergama. Raawwiin ergamuu beeksisa murtii akkaataa tuma labsii gibira galiitiin raawwata.

4) Bu'uura keewwata kana keewwata xiqqaa 2 tiin Abbaan taayitaa taaksii murtii taaksii dabalataan yoo kennee fi namni beeksisni murtii taaksii isa gahe beeksisni isa gahee guyyaa 30 keessati taaksi akka kaffalu dabalataan gaafatame yoo kaffaluu baate ykn murticharratti komii yoo qabatee bu'uura keewwata 18 tiin oliyyannoo hin dhiheeffannee ta'e balleessaadha.

5) Bu'uura Labsii kana keewwata 6 tiin kaffalaan taaksii dhuma bara baajata taaksiichaa beeksisee kafalee kaasee waggaa 5 keessati Abbaan taayitaa taaksii hamma taaksichaa murteessee herrega hafe jiraachuusa yoo beeksisuu baate, taaksichi gahaa fi isa dhumaa ta'a. Ta'us kaffalaan taaksii galiisaa kan hin beeksifne ykn beeksisa galii waliindhahame kan dhiheesse yoo ta'e Abbaan taayitaa taaksii daangaan tumaa seera biraa kamiinuu otoo isa hin dhorkiin yeroo kamiyyuu taaksicha murteessuu ni dada'a.

KUTAA 3

Raawwannaa Walitti qabiinsa Taaksii

8. *Dirqamawwan kaffalaa taaksii*

Dirqamawwan labsii kana keewwata birootiin himaman irratti dabalataan kaffalaan taaksii kamiyyuu,

(a) Sirna qabiinsa herregaa seera qabeessa ta'ee fi bifa abbaan taayitaa taaksii hayyamuun galmeewwan herregaa fi sandoota deggersaa niqabata.

(b) Unka abbaan taayitaa taaksii kennurratti ibsa oddeeffannoo taaksichaa halaa gaariidhaan walitti qabuuf barbaachisaa ta'an guutee guyya 30, 30n abbaa taayitaa taaksiitiif ni dhiheessa.

(c) Bu'uura labsii kana keewwata 9 keewwata xiqqaa 3tiin kan Abbaan Taayitaa taaksii gaafatu ni raawwata.

(d) Bakka bu'aan abbaa taayitaa taaksii bakka hojichaatii argamee to'annoo waa'ee walitti qabiinsa taaksiitiif godhuuf barbaachisaa kan ta'an hundaa guutee ni dhiyeessa.

፫· የታክሱ ባለሥልጣን የሰጠው የታክስ ውሣኔ በማስታወቂያ ተዘጋጅቶ ለታክስ ከፋይ ይላካል ። የውሣኔ ማስታወቂያ የመላኩ አፈጻጸም በገቢ ግብር አዋጅ በተሰጡ ድንጋጌዎች መሠረት ይፈጸማል ።

፬· የታክስ ባለሥልጣን በዚህ አንቀጽ በንዑስ አንቀጽ (፪) መሠረት ተጨማሪ የታክስ ውሣኔ ከሰጠና ማስታወቂያ የደረሰው ሰው ማስታወቂያው በደረሰው በ፴ ቀን ውስጥ እንዲከፈል የተጠየቀውን ተጨማሪ ታክስ ያልከፈለ ወይም በውሣኔው ላይ ቅሬታ ካለው በአንቀጽ ፲፰ መሠረት ይግባኝ ያላቀረበ እንደሆነ ጥፋተኛ ነው ።

፭· በዚህ አዋጅ አንቀጽ ፮ መሠረት ታክስ ከፋዩ ታክሱን አስታውቆ ከከፈለበት የበጀት ዓመት መጨረሻ አንስቶ በ፭ ዓመት ጊዜ ውስጥ የታክሱ ባለሥልጣን የታክሱን ልክ ወስኖ ቀሪ ሂሣብ መኖሩን ካላስታወቀ የተከፈለው ታክስ በቂና የመጨረሻ ይሆናል ። ሆኖም ታክስ ከፋዩ ገቢውን ያላስታወቀ ወይም የተጭበረበረ የገቢ ማስታወቂያ ያቀረበ እንደሆነ የታክሱ ባለሥልጣን በማናቸውም ሌላ ሕግ የተደነገገው ይርጋ ሳያግደው ታክሱን በማናቸውም ጊዜ መወሰን ይችላል ።

ክፍል ሦስት

የታክሱ አሰባሰብ አፈጻጸም

፰· የታክስ ከፋዩ ግዴታዎች

በዚህ አዋጅ በሌሎች አንቀጾች ከተጠቀሱት ግዴታዎች በተጨማሪ ማናቸውም ታክስ ከፋይ ፤

ሀ) አግባብ ባለው የሂሣብ አያያዝ ሥርዓትና የታክስ ባለሥልጣኑ በሚፈቅደው ዓይነት የሂሣብ መዛግብትንና ደጋፊ ሠነዶችን ይይዛል ።

ለ) በታክስ ባለሥልጣኑ በሚሰጠው ቅጽ ላይ ታክሱን በሚገባ ለመሰብሰብ አስፈላጊ የሚሆነውን መረጃ የሚያሳይ መግለጫ ሞልቶ በየ፴ ቀኑ ለታክስ ባለሥልያኑ ያቀርባል።

ሐ) በዚህ አዋጅ አንቀጽ ፱ ንዑስ አንቀጽ (፫) መሠረት የታክስ ባለሥልጣኑ የሚጠይቀውን ይፈጽማል ።

መ) የታክስ ባለሥልጣኑ ወኪል በሥራ ቦታው በመገኘት ስለታክስ አሰባሰብ ለሚያደርገው ቁጥጥር አስፈላጊ የሆነውን ሁሉ አሟልቶ ያቀርባል ።

3) The assessment made shall be prepared in an assessment notification and be delivered to the taxpayer. Delivery of the assessment notification shall be made in accordance with the provisions of Income Tax Proclamation.

4) If the Authority makes an additional assessment under Sub-Article (2) of this article and within 30 days of the notice and demand, the person assessed does not pay the additional assessment or appeal the assessment as provided under Article 18, the person is in default.

5) If the Tax Authority fails to assess the tax and notify the tax payer of the amount still due within five years from the date of declaration and payment of the tax by the tax payer in accordance with Article 6 of this Proclamation, the tax so paid shall be final and concessive. In case, where the taxpayer has not declared his income or has submitted a fraudulent declaration, no time limit provided in any other law shall bar the assessment of the tax by the Tax Authority.

SECTION 3

Enforcement of tax Collection

8. *Obligations of the Tax payer*

In addition to the obligations specified in the other provisions of this Proclamation, every taxpayer shall:

(a) maintain books of accounts and supporting documents in accordance with proper accounting principles and in a manner acceptable to the Tax Authority;

(b) submit every 30 days to the Tax Authority, in a form which shall be supplied by said Authority, a declaration containing such information as may be necessary for proper collection of the tax.

(c) performe where required by the tax authority in a ccordance with Sub-Article 3 of Article 9 of this proclamation.

(d) comply fully with the requirements of the inspection of his premises by the delegate of the Tax Authority;

(e) Gosa hojichaa fi teesso0 hojichaa akkasumas yammuu hojicha calqabu, dhaabu, abbaa taaytichaatiif haala isa battalumatti ni beeksisa.

(f) Yammu hojicha dhaabu taaksii irraa barbaadamu hundumaa guyyaa hojicha dhiisee eegalee guyyaa 30 keessati xumuree kaffalaa.

9. *Aangoo Abbaa Taaytaa Taaksii*

Labsii kana keewwatoota birootiin kan ibsaman irratti dabalataan Abbaan taayitaa taaksichaa aangoo fi hojii kanati aanu ni-qabaata.

1) Labsii kana hojiirra oolchuu fi raawwachisuun aangoo abbaa tayitaa taaksii ta'a.

2) kaffalaa taaksii ykn galmeewwan herregaa fi sandoota ykn odeeffannoo argachuuf kan danda'u ykn isaanuma kana eeguuf qaxaramaa kaffalaa taaksii itti gaafatamummaan kennameef kamiyyuu yeroo hojii mijaa'aa Abbaa taayitaa taaksichaa fi waajjira isaatti argamuun dhimma ilaalu irratti gaaffi seera qabeessa dhihaatuuf deebii akka kennuu fi sandoota jedhamanis akka dhiheessu gochuuf.

3 (a) Hojiin omishuu ykn hojiin gurguraa raawwachuusaaf ykn ragaa kaffaltii taaksichaaf gargaaru jirachuusaaf yammu shakku ykn labsii kana ykn bu'uura Labsiichaatiin Dambileen fi qajeelfamoonni bahaan akkaataa barbaadamaa ta'een kabajamuu isaanii mirkaneessuuf yeroo hojii idilee kaffala taaksiichatti.

(b) Labsii kana ykn Dambiiwwanii fi qajeelfaamoota bu'uura labsichaatiin bahan cabsuudhaan balleessan kan hojeetaame ta'uusaa yoo shakkame yeroo kammiyyuu, gara iddoo hojii kaffalaa taaksii ykn man kuusaa meeshaa ykn bakka oomishichi itti argama jedhamee tilmaamamu kamiyyuu seenuu fi haalawwan qulqulleessuuf odeeffannoowwan walitiqabuuf tarkaanfii barbaachise fudhachuuf,

4) Taaksii bu'uura labsii kanaatiin kaffalammu qabu kaffalaa taaksichaaf beeksisuu,

ሠ) የሥራውን ዓይነትና የሥራውን አድራሻ እንዲሁም ሥራውን ሲጀምር ወይም ሲያቋርጥ ሁኔታውን ለባለሥልጣኑ ወዲያውኑ ያሳውቃል ።

ረ) ሥራውን ሲያቋርጥ የሚፈለግበትን ታክስ በሙሉ ሥራውን ባቋረጠ በ፴ ቀናት ውስጥ አጠናቆ ይከፍላል ።

፱· <u>የታክስ ባለሥልጣን ሥልጣን</u>

በዚህ አዋጅ በሌሎች አንቀጾች ከተጠቀሱት በተጨማሪ የታክሱ ባለሥልጣን የሚከተለው ሥልጣንና ተግባር ይኖረዋል ፤

፩· ይህን አዋጅ በሥራ ላይ የማዋል እና የማስፈጸም ኃለፊነት የታክሱ ባለሥልጣን ይሆናል ።

፪· ታክስ ከፋዩን ወይም የሂሣብ መዝገቦችን እና ሠነዶችን ወይም መረጃን ለማግኘት የሚችለውን ወይም እነዚህኑ የመጠበቅ ኃላፊነት የተሰጠውን ማንኛውንም የታክስ ከፋዩን ተቀጣሪ በአመቺ የታክሱ ባለሥልጣን የሥራ ሰዓቶች እና በጽ/ቤቱ ተገኝቶ ለሚቀርቡለት ለጉዳዩ አግባብ ያላቸው ጥያቄዎች መልስ እንዲሰጥና የተባሉትንም ሠነዶች እንዲያቀርብ ለማድረግ፤

፫· ሀ) የምርት ተግባር ወይም የሽያጭ ሥራ ስለመካሄዱ ወይም ለታክሱ አከፋፈል የሚረዳ ማስረጃ ስለመኖሩ ሲጠራጠር ወይም ይህ አዋጅ ወይም በአዋጁ መሠረት የሚወጡት ደንቦች እና መመሪያዎች በሚገባ መከበራቸውን ለማረጋገጥ በታክስ ከፋዩ መደበኛ የሥራ ሰዓቶች ፤

ለ) ይህን አዋጅ ወይም በአዋጁ መሠረት የሚወጡትን ደንቦችና መመሪያዎች በመተላለፍ ጥፋት የተፈጸመ ለመሆኑ ሲጠራጠር በማንኛውም ጊዜ ፤ ወደ ታክስ ከፋዩ የሥራ ቦታ ወይም የዕቃ መጋዘን ወይም ምርቱ ይገኝበታል ተብሎ ወደሚገመተው ማናቸውም ሥፍራ የመግባትና ሁኔታዎችን የማጣራት ፣ መረጃዎችን የመሰብሰብ ተገቢውንም እርምጃ የመውሰድ ፤

፬· በዚህ አዋጅ መሠረት ሊከፈል የሚገባውን ታክስ ለታክስ ከፋዩ የማስታወቅ ፤

(e) immediately communicate to the Tax Authority the type and address as well as the commencement and termination of his business;

(f) pay in full the tax due within 30 days from the date of termination where such business is terminated.

9. *Power of the Tax Authority*

In addition to the powers specified in the other provisions of this Proclamation the Tax Authority shall have the following powers and duties:

1) the implementation and enforcement of this Proclamation shall be the duty of the Tax Authority;

2) requiring the person or any employee who has access to or custody of any information, records or books of account to produce the same and to attend during normal office hours at any reasonalby convenient tax office and answer any questions relating thereto;

3) enter business premises or stores of the tax payer or to any place suspected to be storage of the products, inspect, collect information and take appropriate measures:

(a) during the regular working hours of the tax payer where it suspects that production or sale of goods is carried on or there is information that may be necessary for the proper assessment of the tax, and to ensure the observance of this Proclamation and regulations issued for the implementation of this proclamation;

(b) at any time where it suspects that an offense resulting from the violation of the provisions of this Proclamation or regulations issued for the implementation of the Proclamation has been committed.

4) Notify the tax payer the additional tax to be paid in accordance with this Proclamation;

5) Meeshaalee gara biyyaati galan ilaalchisee,
   (a) gara naannoo gumurukii mootummaati guyyaa gahanii kaase hangaa ji'a jahaatti yoo taaksichi kaffalamuu baate meeshaalee sana gurguruuf ykn meeshaaleen sun salphaatti kan manca'an ta'ee yoo arge akka gurguraman yeroo kamiyyuu murteessuuf,
   (b) taaksiin kafalamuu qabuu fi baasiwaan biroo eega hir'ifamanii booda maallaqa hafu fudhachuuf namni mirga qabu guyyaa meeshichi gurguramee kaasee waggaa 5 keessatti yammuu gaaffii dhiheessu fi mirgisaa mirkanaa'u maalaqni hafe abbaa mirgaatiif akka deeb'u gochuf.

6) Manni qopheessa, dhaabbatni, dhaabbata faayinaansii ykn waajjiraalee Mootummaa Federaale fi Oromiyaa kamiyyuu dabalatee namni kamiyyuu odeeffannoo waa'ee kaffalaa taaksii beekuu ykn tartiiba sochii hojiisaa akka ibsu gochuu, ni danda'a.

10. *Taaksii Walitti qabuuf Qabeenyaa qabu*

1) Keewwata kana Keewwata xiqqaa 4 irratti kan tumame akkuma eegametti ta'ee nama taaksiin labsii kanaan irratti murtaa'e irraa barbaadamu kamiyyuu akkaataa keewwata 7 keewwata xiqqa 4 ykn keewwata 18 keewwata (2)n tumameetiin balleessa ta'ee kan argame yoo ta'e Abbaan taayitaa taaksiichaa qabeenyaa kaffalaa gibiraa kana qabuudhaan taaksii irraa barbaadamuu fi qabeeyaa isaa qabuuf baasii dabalataan taasifame uwwisuuf akka ooluu gochuuf aangoo seeraa ni qaba.

፭· ወደ አገር የሚገቡ ዕቃዎችን በሚመለከት ፤
   ሀ) ወደ መንግሥት የጉምሩክ ክልል ከገቡበት ቀን አንስቶ እስከ ስድስት ወር ድረስ ታክሱ ካልተከፈለ ዕቃዎቹን የሚሸጥ ወይም ዕቃዎቹ የሚበላሹ ሆኖ ሲያገኝ በማናቸውም ጊዜ እንዲሸጡ የመወሰን ፤
   ለ) ሊከፈል የሚገባው ታክስና ሌሎች ወጪዎች ከተቀነሱ በኋላ ተራፊ ገንዘቡን ለመቀበል መብት ያለው ሰው ዕቃው ከተሸጠበት ቀን አንስቶ በ፭ ዓመት ጊዜ ውስጥ ጥያቄ ሲያቀርብና መብቱ ሲረጋገጥ ተራፊው ገንዘብ ለባለመብቱ እንዲመለስለት የማድረግ ፤

፮· ማዘጋጃ ቤት ድርጅት የፋይናንስ ተቋም ወይም ማንኛውም የፌዴራል ወይም የኦሮሚያ ክልል መንግሥት መሥሪያ ቤት ጨምሮ ማንኛውም ሰው ስለታክስ ከፋዩ የሚያውቀውን መረጃ ወይም የሥራ እንቅስቃሴ ዝርዝር እንዲገልጽ ለማድረግ ይችላል ።

፲· <u>ታክስ ለመሰብሰብ ሀብት ስለመያዝ</u>

፩· በዚህ አንቀጽ በንዑስ አንቀጽ (፬) የተደነገገው እንደተጠበቀ ሆኖ ማናቸውም በዚህ አዋጅ የተጣለው ታክስ የሚፈለግበት ሰው በአንቀጽ (፯) ንዑስ አንቀጽ (፬) ወይም በአንቀጽ ፲፰ ንዑስ አንቀጽ (፪) በተደነገገው መሠረት ጥፋተኛ ሆኖ የተገኘ እንደሆነ የታክሱ ባለሥልጣን የዚህን ታክስ ከፋይ ሀብት በመያዝ ለሚፈለግበት ታክስ እና ንብረቱን ለመያዝ የተደረገውን ተጨማሪ ወጪ ለመሸፈን እንዲውል ለማድረግ ሕጋዊ ሥልጣን ይኖረዋል።

5) As regards goods imported:
   (a) sell such goods where the tax in respect of them is not paid within six months from the day of deposit within the premises of government warehouse, or in the case of perishable goods, decide on their sale at any time it thinks fit;
   (b) transfer to the Government Treasury balance, if any, remaining after the deduction of the tax and other expenses, provided, however, that it shall pay the same person entitled thereto where he claims it within five years from the date of the sale and where his claims are provided.

6) requiring any person including a municipality, body, financial institution, department or agency of Federal or Oromia Regional Government to disclose particulars of any information or transactions.

10) *Seizure of Property to Collect Tax*

1) Subject to Sub-Article (4) of this article, if any person liable to pay any tax imposed by this Proclamation is in default under Article 7, Sub-Article (4) or Article 18, Sub-Article (2), it shall be lawful for the Authority to collect such tax and such further amount as shall be sufficient to cover the expenses of the seizure by seizing any property belonging to such person.

2) Raawwannaa kutaa kanaatiif ''qabuun'' karaa kamiinuu qabuu akkasumas nama qabeenyaan nama kaffalaa taaksii eksaayzii ta'e harka saatti argamu irraa taaksii walitti qabuus ni dabalata. Keewwata xiqqaa (3) fi (6) tiin akka himaametti yoo ta'e malee qabuun kan danda'amu qabeenyaa yeroo ajajni qabinsaa kenname qabiyyee jala jiruu fi dirqaama yeroo hojiin qabuu raawwatu ragga'ee jiru qofa ilaalchiseedha. Abbaan taayitaa taaksichaa yeroo qabeenya kaffalaa taaksii qabu miseensi hoomaa poolisii akka argamu gaafachuu ni danda'a. Abbaan taayitichaa akkaataa kanaa ol ilaalamuun guyyaa qabeenyicha qabee eegalee kan lakkaa'amu yeroo guyyoota 10 booda qabeenyaa qabe caalbaasiidhaan ykn karaa abbaa taayitichaa tiin hayyamame mala biraa kamiin-iyyuu qabeenyaa qabate gurguruu ni danda'a. Ta'u iyyuu qabeenyichi kan manca'u yoo ta'e amala qabeenyichaa tilmaama keessa galchuudhaan yeroo barbaachisaa ta'ee argametti gurguruu ni danda'a.

3) Qabeeyaan qabame kaam-iyyuu idaa taaksii qabamuusaatiif sababa ta'e uwwisuuf otoo gahaa hin ta'iin yoo hafe idaa kaffalaa taaksiichaa irraa barbaadamuu fi baasiwwan addaa addaa kanaan wal-qabatan kaffalamanii hanga xumuramanitti abbaan taayitaa taaksichaa qabeenyaa biroo nama idaan taaksii kun irraa barbaadamuu qabachuu ni danda.

4) Bu'uura kanaa ol keewwata xiqqaa 1 jalatti tumaameen sababa idaa taaksii hin kaffalamneen qabeenyaa qabuun kan danda'amu abbaan taayitaa taaksichaa qabeenyicha qabuuf yaada qabaachuusaa duraan dursee kaffalaa taaksiif erga barreeffamaan beeksisee booda ta'a. Beeksifni bifa kanaan kennamu qabeenyicha otoo hin qabiin guyyaa 30 dura kaffalaa taaksiichaaf gahuu qaba.

፪· ለዚህ ክፍል አፈጻጸም "መያዝ" በማናቸውም መንገድ መያዝን እንዲሁም የኤክሣይዝ ታክስ የሚፈለግበት ሰው የሆነ ገንዘብ ወይም ንብረት በእጁ ከሚገኝ ሰው ታክስ መሰብሰብን ይጭምራል ። በንዑስ አንቀጽ (፫) እና (፮) በተነገረው መሠረት ካልሆነ በስተቀር መያዝ የሚቻለው የመያዙ ትዛዝ በተሰጠበት ጊዜ በይዞታ ሥር የሚገኝ ንብረት እና የመያዙ ተግባር በሚከናወንበት ጊዜ ፀንቶ ያለ ግዴታን በተመለከተ ብቻ ነው ። የታክሱ ባለሥልጣን የታክስ ከፋዩን ሀብት በሚይዝበት ጊዜ የፖሊስ ሠራዊት አባል እንዲገኝ ሊጠይቅ ይችላል ። ባለሥልጣኑ ከዚህ በላይ በተመለከተው መሠረት ሀብቱን ከያዘበት ቀን አንስቶ ከሚቆጠር ከ፲ ቀናት ጊዜ በኋላ በሐራጅ ወይም በባለሥልጣኑ በተፈቀደ በማናቸውም ሌላ ዘዴ የያዘውን ንብረት መሸጥ ይችላል ። ሆኖም ንብረቱ የሚበላሽ ከሆነ የንብረቱን ባሕርይ ከግምት ውስጥ በማስገባት ተገቢ መስሎ በሚታየው ጊዜ ሊሸጠው ይችላል ።

፫· ማናቸውም የተያዘ ንብረት ለመያዙ ምክንያት የሆነውን የታክስ ዕዳ ለመሸፈን በቂ ሳይሆን የቀረ እንደሆነ የታክሱ ባለሥልጣን ከታክስ ከፋዩ ላይ የሚፈለገው የታክስ ዕዳ እና ከዚህ ጋር የተያያዙ ልዩ ልዩ ወጪዎች ተከፍለው እስከሚጠናቀቁ ድረስ የታክስ ዕዳው የሚፈለግበትን ሰው ሌሎች ሀብቶች መያዝ ይችላል ።

፬· ከዚህ በላይ በንዑስ አንቀጽ (፩) በተደነገገው መሠረት ባልተከፈለ የታክስ ዕዳ ምክንያት ንብረት መያዝ የሚቻለው የታክሱ ባለሥልጣን ሀብቱን የመያዝ ሀሣብ እንዳለው አስቀድሞ ለታክስ ከፋዩ በጽሑፍ ካስታወቀው በኋላ ይሆናል ። በዚህ ዓይነት የሚሰጠው ማስታወቂያ ሀብቱ ከመያዙ ከ፴ ቀን በፊት ለታክስ ከፋዩ ሊደርሰው ይገባል ።

2) For purposes of this Section, the term "Seizure" includes seizure by any means, as well as collection from a person who owes money or property to the person liable for Excise Tax. Except as provided in Sub-Articles (3) and (6), a seizure shall extend only to property possessed and obligations existing at the time the seizure is made. The Authority may request a police officer to be present during the seizure. Where the Authority seizes any property as provided herein above, it shall have the right to sell the seized goods at public auction or in any other manner approved by the Authority not less than 10 days after the seizure, except that when the goods seized are perishable, the Authority can sell the goods after any reasonable period having regard to the nature of the goods.

3) Whenever any property on which seizure had been made is not sufficient to satisfy the claim for which seizure is made, the Authority may, thereafter and as may be necessary, proceed to seize other property liable to seizure of the person against whom the claim exists until the amount due from such person, together with all expenses, is fully paid.

4) Seizure may be made under Sub-Article (1) on property of any person in default with respect to any unpaid tax only after the Authority has notified such person in writing of the intention to make such seizure. The notice shall be delivered not less than thirty (30) days before the day of the seizure.

5) Walitti qabiinsa taaksichaa kan gufachiisu jiraachuusaa abbaan taayitaa taaksichaa kan huubate yoo ta'e daangaan yeroo guyyaa 30 keewwata xiqqaa (1) jalatti mul'atuu fi daangaan yeroo guyyaa 30 keeyyata xiqqaa (4) jalatti mul'atu otoo hin eegamin taaksichi yeroodhuma sana akka kaffalamu gochuuf gaaffiin yoo dhihaateef kaffalaan taaksichaa kaffaluuf yoo fedhii dhabe qabeenyaa isaa qabuun taaksii waliti qabuun raawwii seera qabeessa ta'a.

6) Qabeenyaan kamiyyuu yoo qabame ykn qabuuf kan yaadame yoo ta'e namni waa'ee qabeenyaa kanaaf ragaa ta'u ykn sanda ibsa qabu ykn galmeen harkasaatti argamu ykn to'annaa isaa jala jiru kamiyyuu yammuu Abbaa Taayita taaksiitiin gaaffiin dhihaatuuf sanadicha ykn galmicha ragaadhaaf dhiheessuu qaba.

7) Ajaja mana murtiin kan kabajame ykn raawwi irra kan jiru ykn wabumman kan qabame yoo ta'e malee qabeenyi sababa taaksiitiin qabame kamiyyuu harka isaatii argamu ykn namni kaffalaa taaksichaatiif dirqamni kamiyyuu irra jiru yammuu abbaan taayitaa taaksichaa isa gaafatu qabeenyaa qabate abbaa taayitaa taaksichaati dabarsuu (kennuu) ykn dirqama irra jiru raawwachuuf ittigaafatamummaa qaba.

8) Namni kam-iyyuu yemmuu abbaan taayitaa taaksichaa isaa gaafatu qabeenya qabame tokko itti keenuuf fedhii kan hin qabne yoo ta'e hamma qabeenya qabameetiin kan itti gaafatamu ta'a. Ta'uiyyuu itti gaafatamni isaa hamma idaa qabinsa qabeenyichaaf sababa ta'e darbuu hin danda'u.

9) Itti gafatamummaa dhuunfa Keewwata kana keewwata xiqqaa 8 tiin ibsame irratti dabalataan namichi qabeenya qabate sun qabeenyicha qabate dabarsuuf (kennuuf) fedhii dhabuunsaa sababa gahaa hin taaneen yoo ta'e hamma maallaqa bu'uura keewwata xiqqaa 8 tiin barbaadamu irratti dhibbantaa shantama (50) dabalee akka kaffalu ni-taasifama.

፭· የታክሱ ባለሥልጣን የታክሱን አሰባሰብ የሚያደናቅፍ ሁኔታ መኖሩን የተረዳ እንደሆነ በንዑስ አንቀጽ (፩) የተመለከተው የ፴ ቀን የጊዜ ገደብ እና በንዑስ አንቀጽ (፬) የተመለከተው የ፴ ቀን የጊዜ ገደብ ሳይጠበቅ ታክሱ ወዲያውኑ እንዲከፈል ለማድረግ ጥያቄ ከቀረበና ታክስ ከፋዩ ለመክፈል ፈቃደኛ ካልሆነ ንብረትን በመያዝ ታክስ የመሰብሰቡ አፈጻጸም ሕጋዊ ይሆናል ።

፮· ማናቸውም ንብረት የተያዘ ወይም እንዲያዝ የታሰበ ከሆነ ስለዚሁ ንብረት ማስረጃ የሚሆን ወይም መግለጫ የያዘ ሠነድ ወይም መዝገብ በእጁ የሚገኝ ወይም በቁጥጥሩ ሥር ያለ ማናቸውም ሰው በታክሱ ባለሥልጣን ጥያቄ ሲቀርብለት ሠነዱን ወይም መዝገቡን ለማስረጃነት ማቅረብ አለበት ።

፯· በፍርድ ቤት ትዕዛዝ የተከበረ ወይም በአፈጻጸም ላይ ያለ ወይም በዋስትና የተያዘ ካልሆነ በስተቀር ማናቸውም በታክስ ምክንያት የተያዘ ንብረት በእጁ የሚገኝ ወይም ለታክስ ከፋዩ ማናቸውም ግዴታ ያለበት ሰው የታክሱ ባለሥልጣን ሲጠይቀው የያዘውን ሀብት ለታክሱ ባለሥልጣን የማስረከብ ወይም ያለበት ግዴታ የመፈጸም ኃላፊነት አለበት ።

፰· ማንኛውም ሰው የታክሱ ባለሥልጣን ሲጠይቀው አንድን የተያዘ ንብረት ለማስረከብ ፈቃደኛ ሳይሆን የቀረ እንደሆነ በተያዘው ንብረት መጠን በግል ተጠያቂ ይሆናል ። ሆኖም ተጠያቂነቱ ለንብረቱ መያዝ ምክንያት ከሆነው የታክስ ዕዳ መጠን ሊያልፍ አይችልም ።

፱· በዚህ አንቀጽ በንዑስ አንቀጽ ፰ ከተመለከተው የግል ተጠያቂነት በተጨማሪ ንብረቱን የያዘው ሰው ንብረቱን ለማስረከብ ፈቃደኛ ያልሆነው ያለበቂ ምክንያት ከሆነ በንዑስ አንቀጽ ፰ መሠረት የሚፈለገውን የገንዘብ መጠን ፶ ፐርሰንት በተጨማሪ እንዲከፈል ይደረጋል ።

5) If the Authority makes a finding that the collection of the tax is in jeopardy, demand for immediate payment of such tax may be made by the Authority and, on refusal to pay the tax, collection thereof by seizure shall be lawful without regard to the 30-day period provided in Sub-Article (1) and the 30-day provided in Sub-Article (4).

6) If a seizure has been made or is about to be made on any property, any person having custody or control of any books or records containing evidence or statements relating to the property subject to seizure shall, on demand of the Authority, exhibit such books or records to the Authority.

7) Any person in possession of or obligated with respect to tax payer, property subject to seizure on which a seizure has been made shall, on the demand of the Authority, surrender such property or discharge such obligation to the Authority, except such part of the property as is, at time of such demand, subject to a prior secured claim of creditors and subject to an attachment or on execution under any judicial process.

8) Any person who fails or refuses to surrender any property subject to seizure, on demand of the Authority, shall be personally liable to the government in a sum equal to the value of the property not so surrendered, but not exceeding the amount of costs for the collection of which seizure has been made.

9) In addition to the personal liability imposed by Sub-Article 8 of this article if such person fails to pay with out good cause he sall be liable to pay fifty percent (50%) of the amount recoverable under Sub-Article (8).

10) Qabeenyaa harka isaa jiru akkaataa keewwata kanaatiin kan dabarsee kenne ykn maallaaqa kaffalaa taaksichaatiin irra barbaadamu bu'uura gaaffii abbaa taayitaa taaksichaan kan galii godhe namni kamiyyuu qabeeyaa keenneen ykn maallaqa galii godheen kan walqabatuun dirqama kaffalaa taaksii nama hin baane ykn nama biraa kamiyyuun idaa irraa barbaadamu ykn dirqama qaburraa bilisa ni ta'a.

11. *Gaaffii mirga dursaa qabeenyaa irratti dhiyaatu*

1) Mirgi dursaa liqeessitoota biroo wabiin kennameef akkuma eegameti ta'ee akkaata labsii kanaatiin guyyaa taaksiin itti kaffalamuu qabuu eegalee hanga yeroo kaffalame xumuramuuti qabeenyaa nama dirqama taaksii kaffaluu qabuuratti abbaan taayitaa taaksii mirga dursaa ni qabaata.

2) Namni kamiyyuu dirqama taaksii kaffaluuf qabu bahuu dhabe balleessa ta'ee yoo argame taaksii sababa balleessaatiin otoo hin kaffalamiin hafe ykn sochiin taaksicha kaffalchiisuuf godhamuu baasi fidu kaffalchiisuuf akka danda'amu qabeenyaan nama idaan taaksii irraa barbaadamuu wabummaan qabamee akka turu abbaan taayitaa taaksichaa qaama qabeenyicha galmeeseef ajaja barreeffamaa kan kennu ta'uuraa iyyuu nama galmeeffameef akkekkachiisa ni kenna.

3) Kaffalaan taaksii akkekachiisni keewwata xiqqaa 2n ibsame isa gahe guyyaa 30 keessati yoo taaksicha kaffaluu baate qabeenyaa nama abbaa taayitaa galemeessuutiin galmaa'ee hanga idaa taaksii hin kaffalamneet wabummaan qabamee akka turu abbaan taayitaa taaksichaa ajaaja ni kenna.

4) Qabeenyaan nama taaksiin irraa barbadamuu wabummaan qabamee akka turu bu'ura keewwata xiqqaa 3tiin abbaan taayitaa taaksichaa yoo ajaaje, abbaan taayitaa galmeessuu kaffaltii kamiyuu otoo hin gaafatin qabeenyichi wabummaan akka qabamu ajaja isa gahe akka sanaada qabiyyee qabeenyaa kamiitti-iyyuu ni galmeessa. Mirgi qabiyyee duraan durseee kennamee akka eegametti ta'ee galmeessuun wabummaaf taaksii barbaadamu kaffalchiisuuf akka qabdii seera bifaa kamiinuu kennameeti ykn akka idaa biraa kamiyyuuti ykn kaffaltiti lakkaa'ama.

፲· በዚህ አንቀጽ መሠረት በይዞታው ሥር ያለውን ንብረት ያስረከበ ወይም በታክስ ከፋዩ የሚፈለግበትን ገንዘብ ከታክሱ ባለሥልጣን በተጠየቀው መሠረት ገቢ ያደረገ ማናቸውም ሰው ካስረከበው ንብረት ወይም ገቢ ካደረገው ገንዘብ ጋር በተያያዘ የታክስ ግዴታውን ባልተወጣው ታክስ ከፋይ ወይም ማናቸውም ሌላ ሰው ከሚፈለግበት ዕዳ ወይም ካለበት ግዴታ ነፃ ይሆናል ።

፲፩· <u>በሀብት ላይ የሚቀርብ የቀደምትነት መብት ጥያቄ</u>

፩· ዋስትና የተሰጣቸው የሌሎች አበዳሪዎች የቅድሚያ መብት እንደተጠበቀ ሆኖ በዚህ አዋጅ መሠረት ታክስ ተከፋይ ከሚሆንበት ቀን አንስቶ ተከፍሎ እስከ አለቀበት ጊዜ ድረስ ታክስ የመክፈል ግዴታ ባለበት ሰው ሀብት ላይ የታክሱ ባለሥልጣን የቀደምትነት መብት ይኖረዋል።

፪· ማናቸውም ሰው ታክስ የመክፈል ግዴታውን ባለመወጣት ጥፍተኛ ሆኖ የተገኘ እንደሆነ የታክሱ ባለሥልጣን በጥፋት ምክንያት ያልተከፈለውን ታክስ እና ታክሱን ለማስከፈል የሚደረገው እንቅስቃሴ የሚያስከትለውን ወጪ ማስከፈል እንዲቻል የታክስ ዕዳ የሚፈለግበት ሰው ሀብት በዋስትና ተይዞ እንዲቆይ ንብረቱን ለመዘገበው አካል የጽሑፍ ትዕዛዝ የሚሰጥ መሆኑን የሚገልጽ ማስጠንቀቂያ ለተመዘገበው ሰው ይሰጣል ።

፫· በንዑስ አንቀጽ (፪) የተገለጸው ማስጠንቀቂያ የደረሰው ታክስ ከፋይ ማስጠንቀቂያ በደረሰው በ፴ ቀን ውስጥ ታክሱን ያልከፈለ እንደሆነ የታክሱ ባለሥልጣን ለንብረት መዝጋቢው ባለሥልጣን የተመዘገበው ሰው ሀብት ባልተከፈለው የታክስ ዕዳ መጠን በዋስትና ተይዞ እንዲቆይ ትዕዛዝ ይሰጣል ።

፬· በንዑስ አንቀጽ (፫) መሠረት የታክሱ በለሥልጣን ታክስ የሚፈለግበት ሰው ሀብት በዋስትና ተይዞ እንዲቆይ ትዕዛዝ የሰጠ ሲሆን ፤ መዝጋቢው ባለሥልጣን ማናቸውንም ክፍያ ሳይጠይቅ ንብረቱ በዋስትና እንዲያዝ የደረሰው ትዕዛዝ እንደማናቸውም በሀብቱ ላይ እንዳለ የመያዣ ሠነድ ይመዘግባል ፤ ቀደም ሲል የተሰጠ የመያዣ መብት እንደተጠበቀ ሆኖ የዋስትናው ምዝገባ የሚፈለገውን ታክስ ለማስከፈል በማናቸውም መልኩ በሕግ እንደተሰጠ መያዣ ወይም እንደማናቸውም ሌላ ዕዳ ወይም ክፍያ ሆኖ ይቆጠራል ።

10) Any person in possession of property who surrenders or makes payment in accordance with the Article shall be discharged from any obligation or liability to the delinquent person or to any other person arising from such surrender or payment.

11. *Preferential Claim to Assets*

1) From the date on which tax becomes due and payable under this Proclamation, subject to the prior secured claims of creditors, the Authority has a preferential claim upon the assets of the person liable to pay the tax until the tax is paid.

2) Where a person is in default of paying tax, the Authority may by notice, in writing, inform that person of the Authority's intention to apply to the Registering Authority to register a security interest in any asset, which is owned, by that person, to cover any unpaid tax in default, together with any expense incurred in recovery proceedings.

3) If the person on whom a notice has been served under Sub-Article (2) fails to pay the amount specified in the notice within 30 days after the date of service of the notice, the Authority may, by notice, in writing, direct the Registering Authority that the asset to the extent of the defaulter's interest therein, shall be the subject of security for the total amount of unpaid tax.

4) Where the Authority has served a notice on the Registering Authority under Sub-Article (3), the Registering Authority shall without fee, register the notice of security as if the notice were an ins trument of mortgage over or charge on, as the case may be, such asset, and such registration shall, subject to any prior mortgage or charge, operate while it subsists in all respects as a legal mortgage over or charge on the asset to secure the amount due.

12. *Eegumsa kaffalaan taaksii qabu*

Qabeenyaan akkaataa Labii kana kutaa 3tiin qabame kamiyyuu kan qabamu, kan eegamu, fi kan galmaa'u abbaa Taayitaa taaksichaan qofa ta'a. Qabeenyaa akkaataa kutaa kanaatiin qabame qaamni mootummaa kan biraa kam-iyyuu sababa biraa kamiyyuu bu'uura gochuun akka kennamuuf ykn akka dabarfamuuf gaafachuu hin danda'u. Qabeenyi qabame kan gurgurame yoo ta'e maallaqaa gurgura irraa argame keessa maalaqni idaa kaffalaa taaksii iraa barbaadamuu ol ta'e abbaa qabeenyaa qabeenyichaaf yeroodhuma sana deebi'aaf.

13. *Dirqama fudhataa*

1) keewwata kana keessatti ''fudhataa' jehuun qabeenya kaffalaa taaksii Oromiyaa keessati argamu illalchise,
   (a) Qulquleessaa qabeenya kubbaniyaa ta'ee kan moggaafame;
   (b) Fudhata mana murtiin ykn mana murtiin ala muudame;
   (c) Abbaa imaanaa dhaabbata kasaaraa keessati argamu;
   (d) Qabdiin kan qabiyeessa jalati argamu;
   (e) Qabeenya nama du'ee kan bulchu ykn;
   (f) Hojii daldala nama seeraan dandeeti hin qabnee kan adeemsisu nama kamiyyu dha.
2) Qabeenyaa Oromiyaa keessati jiru fudhataa ta'ee kan muudame ykn fudhataa qabeenyaan qabiyyeessa jala taasifame gaafa itti muudame ykn gaafa qabeenyichi qabiyyeesaa jala taasifame lamaan kana keessa guyyaa dursee kaasee guyyaa 14 keessatti muudamuusaa ykn qabeenyaan qabiyyeessa jala jiraachuu isaa abbaa taayitaa taaksichaaf beeksisuu qaba.
3) Abbaan taayitaa taksiichaa nama qabeenyichi isaa qabiyyee fudhata jala jiru maallaqni hanga idaa taaksii irraa barbaadamu uwiisuuf barbaachisu fudhataaf barreeffamaan ni beeksisa.
4). Fudhataan;
   (a) Akkaataa keewwata xiqqaa (3) tiin maallaqa hanga taaksii abbaa taayitaa taaksichaan ibsamee ykn beeksisaan booda hanga Maallaqa biraa walta'insi irratti taasifamee, gatii gurgura qabeenyaa irraa hir'ise qophaatti ni kaa'a.

፲፪· ታክስ ከፋዩ ስላለው ጥበቃ

በዚህ አዋጅ ክፍል ፫ መሠረት የተያዘ ማናቸውም ንብረት የሚያዘው ፣ የሚ ጠበቀው ፣ እና የሚመዘገበው በታ ክሱ ባለሥልጣን ብቻ ይሆናል ። ማናቸውንም ሌላ የመንግሥት አካል በዚህ ክፍል መሠረት የተያዘውን ንብረት ማናቸውንም ሌላ ምክንያት መሠረት በማድረግ እንዲሰጠው ወይም እንዲተላለፍለት መጠየቅ አይችልም ። የተያዘ ንብረት የተሸጠ እንደሆነ ከሽያጩ ከተገኘው ገንዘብ ውስጥ ታክስ ከፋዩ ከሚፈለግበት ዕዳ በላይ የሆነው ገንዘብ ለንብረቱ ባለቤት ወዲያውኑ ይመለሳል ።

፲፫ የተረካቢ ግዴታ

፩· በዚህ አንቀጽ ውስጥ "ተረካቢ" ማለት በኦሮሚያ ውስጥ የሚገኘን የታክስ ከፋዩን ሀብት በተመለከተ፣
   ሀ) የኩባንያ ንብረት አጣሪ ሆኖ የተሰየመ ፣
   ለ) ከፍርድ ቤት ውጪ ወይም በፍርድ ቤት የተሾመ ተረካቢ ፣
   ሐ) በኪሣራ ውስጥ የሚገኝ ድርጅት ባለአደራ ፣
   መ) መያዣ በይዞታው ሥር የሚገኝ፤
   ሠ) የሞተን ሰው ንብረት የሚያስተዳድር ወይም ፣
   ረ) በሕግ ችሎታ የሌለውን ሰው የንግድ ሥራ የሚያካሂድ ፣ ማናቸውም ሰው ነው ።

፪· በኦሮሚያ ውስጥ ያለ ንብረት ተረካቢ ሆኖ የተሾመ ወይም ንብረት በይዞታው ሥር የተደረገ ተረካቢ ከተሾመበት ወይም ንብረቱ በይዞታው ሥር ከተደረገበት ከሁለቱ ከቀደመው ቀን ጀምሮ በ፲፬ ቀን ጊዜ ውስጥ የተሾመ ወይም ንብረት በይዞታው ሥር ያለ መሆኑን ለታክሱ ባለሥልጣን ማስታወቅ አለበት ።

፫· የታክሱ ባለሥልጣን ንብረቱ በተረካቢው ይዞታ ሥር ያለ ሰው የሚፈለግበትን የታክስ ዕዳ ለመሸፈን የሚያስፈልገውን የገንዘብ መጠን ለተረካቢው በጽሑፍ ያስታውቃል።

፬· ተረካቢው ፤
   ሀ) በንዑስ አንቀጽ (፫) መሠረት በታክስ ባለሥልጣኑ የተገለጸውን የገንዘብ መጠን ወይም ከማስታወቂያው በኋላ በስምምነት የተደረሰበትን ሌላ የገንዘብ መጠን ከንብረቱ ሽያጭ ላይ ቀንሶ ለብቻው ያስቀምጣል ።

12. *Taxpayer Safeguards*

Any property seized under Section 3 of this Proclamation shall be seized, held, and accounted for only by the Authority. No other agency of the government may require the property seized under this Section to be transferred or given over to it for any cause whatsoever. If any property seized under this Section is sold, any portion of the proceeds in excess of the person's liabilites shall be returned promptly to the owner of the property.

13. *Duties of Receivers*

1) In this Article, ''receiver'' means a person who, with respect to an asset in Oromia of a taxpayer, is:
   (a) A liquidator of accompany;
   (b) a receiver appointed out of court or by a court;
   (c) a trustee for an un rehabilitated insolvent;
   (d) a mortgage in possession;
   (e) an executor of a deceased estate; or
   (f) any other person conducting a business on behalf of a person legally incapacitated.
2) Receiver shall, in writing, notify the Authority within 14 days after being appointed to the position or taking possession of an asset in Oromia, whichever first occurs.
3) The Authority may, in writing, notify a receiver, of the amount which appears to the Authority to be sufficient to provide for tax which is or will become payable by the person whose assets are in the possession of the receiver.
4) A receiver:
   (a) Shall set aside, out of the proceeds of sale of an asset, the amount specified by the Authority under Sub-Article (3), or such lesser amount as is subsequently agreed on by the Authority;

(b) Hanga maallaqa hir'ifamee qophaatti kaa'ameetiin qabeenyaa inni fuudheef nama abbaa qabeenyaa ta'erraa idaa taaksii irraa barbbaadamuuf itti gaafatamaa ta'a.

(c) kan keewwata kanaan ibsame jiraatu illee idaa taaksicha dursu kamiinuu kaffaluu ni danda'a.

5) Fudhataan taaksii keewwata xiqqaa 3n ibsame illalchisee bu'uura keewwata xiqqaa 4tiin hamma mallaqaa hir'ifamee qophaatti akka taa'u godhameen taaksii keewwata kanaan ibsameef yoo oolche malee hanga maalaqa hir'ifamee qophatti taa'eef dhuunfaadhaan itti gaafatamaa ni ta'a.

14. *Waa'e jijjirraawwan beeksisuu*

Kaffalaan taaksi kamiyyuu;

1) Maqaasaa, teessoosaa, iddoo hojii daldaalasaa, gurmaa'inasaa, ykn sochii muumicha hojii daldalaa taaksiin itti kaffalamuu; ykn bifa hojiiwwan raawwatuu,

2) teessoo sochii hojii daldalaa taaksiin itti kaffalamu ykn maqaa kan jijjire yoo ta'e yeroo guyyoota 5 keessati Abbaa taayitaa taaksichaatiif beeksisuu qaba.

KUTAA 4

SIRNA OL'IYYANNOON ITTI DHIYAATU

15. *Koree iyyannoo qulqulleessu*

Miseensonni koree iyyannoo qulqulleessuu itti-gaafatamaa abbaa taayitaa taaksichaa sadarkaa sadarkaadhan jiraniin dhihaatanii akka barbaachisummaa isatti oogganaa Biiroo ykn itti gaafatama qaielche Godina ykn itti gaafatama Waajjira Aanaa ykn Magaalaa jiraniin moggaafamu.

16. *Aangoo fi hojii koreen iyyannoo qulqulleessu qabaatu*

1) Itti gaafatamni korichaa abbaa taayitaa taaksichaaf ta'e.

(a) Adabbiin akka ka'u, dhalli akka hafu ykn dirqamni taaksii akka foyyaa'u, iyyannoo kaffaltoota taaksii tiin dhihaatan xiinxaluu fi murtii kennuuf;

(b) Ragawwanii barreeffamaa fi odeeffannoo iyyannoowwan saniin qunnamtii qaban kam-iyyuu walitti qabuuf;

(c) Dhimma qorannaa irra jiru ilaalchisee akkaataa murtii taaksichaa namni kallattin ykn karaa kallatii hin taaneen qunnamtii qabu kamiyyuu dhihaate gaafii dhihaatuuf, deebii akka kennu waamuuf;

ለ) ተቀንሶ ለብቻው በተቀመጠው የገንዘብ መጠን ልክ የተረከበው ንብረት ባለቤት ከሆነው ሰው ለሚፈለገው የታክስ ዕዳ ተጠያቂ ይሆናል ።

ሐ) በዚህ አንቀጽ የተመለከተው ቢኖርም ከታክስ ቀደምትነት ያለውን ማናቸውንም ዕዳ ሊከፍል ይችላል ።

፭· ተረካቢው በንዑስ አንቀጽ (፫) የተጠቀሰውን ታክስ በተመለከተ በንዑስ አንቀጽ (፬) መሠረት ተቀንሶ ለብቻው እንዲቀመጥ የተደረገውን የገንዘብ መጠን በዚህ አንቀጽ ለተጠቀሰው ታክስ ካላዋለ ተቀንሶ ለብቻ በተቀመጠው ገንዘብ ልክ በግል ተጠያቂ ይሆናል ።

፲፬· ለውጦችን ስለማስታወቅ

ማናቸውም ታክስ ከፋይ ፦

፩· ስሙ ፣ አድራሻው ፣ የንግድ ሥራው ቦታ ፣ አደረጃጀቱ ፣ ወይም ታክስ የሚከፈልበትን ዋንኛው የንግድ ሥራ እንቅስቃሴ ወይም የሚያከናውናቸው ተግባራት ዓይነት ፤

፪· ታክስ የሚከፈልበት የንግድ ሥራ እንቅስቃሴ የሚከናወንበት አድራሻ ወይም ስም ፣ የቀየረ እንደሆነ ይህንኑ ለታክሱ ባለሥልጣን በ፭ ቀናት ጊዜ ውስጥ ማስታወቅ አለበት ።

ክፍል አራት

ይግባኝ የሚቀርብበት ሥርዓት

፲፭· የአቤቱታ አጣሪ ኮሚቴ፣

የአቤቱታ አጣሪ ኮሚቴ አባላት በየደረጃው በሚገኙ በታክስ ባለሥልጣኑ ኃላፊ አቅራቢነት እንደአግባብነቱ ባሉት በቢሮ ኃላፊ ወይም በዞኑ መምሪያ ኃላፊ ወይም በወረዳ ኃላፊ ወይም በከተማ አስተዳደር ኃላፊ ይሰየማሉ ።

፲፮· የአቤቱታ አጣሪ ኮሚቴ ስለሚኖረው ሥልጣንና ተግባር፣

፩· ኮሚቴው ተጠሪነቱ ለታክሱ ባለሥልጣን ሆኖ ፤

ሀ) በታክስ ከፋዮች መቀጫ እንዲነሣ ፤ ወለድ ቀሪ እንዲደረግ ወይም የታክስ ግዴታ እንዲሻሻል የሚቀርቡ ማመልከቻዎችን ለመመርመርና ውሣኔ ለመስጠት ፤

ለ) ከቀረቡት አቤቱታዎች ጋር ግንኙነት ያላቸውን ማናቸውንም የጽሑፍ ማስረጃዎች ወይም መረጃዎች መሰብሰብ ።

ሐ) በምርመራ ላይ የሚገኘውን ጉዳይ በሚመለከት ረገድ ቀርቦ የሚጠየቀውን ጥያቄ እንዲመልስ ከታክሱ አወሳሰን ጋር በቀጥታ ወይም ቀጥታ ባልሆነ ግንኙነት ያለውን ማንኛውንም ሰው የመጥራት ፤

(b) Is liable to the extent of the amount set aside for the tax of the person who owned the asset; and

(c) May pay any debt that has priority over the tax notwithstanding any provision of this Article.

5) A receiver is personally liable to the extent of any amount required to be set aside under Sub-Article (4) for the tax referred to in Sub-Article (3) if, and to the extent that, the receiver fails to comply with the requirements of this Article;

14. *Notification of Changes*

Every taxpayer shall notify the Authority, in writing, of;

1) Any change in the name, address, place of business, constitution, or nature of the principal taxable activity or the activities of the person;

2) Any change of address from which, or name in which, the taxpayer carries on a taxable activity, within 5 days of the change occuring.

SECTION 4

Appeal Procedure

15. *Review Committee*

Members of the review committee shall be appointed, as appropriate, by the bureau head, or zonal department head, or wereda or municipality, finance and economic development offices head upon the recommendation of the competent authority.

16. *Powers and Duties of the Review Committee*

1) The Review Committee shall be accountable to the head of the Authority and shall have the following duties:

(a) to examine and decide on all applications submitted by tax payers for compromise of penalty and interest and on the tax assessed;

(b) togather any written evidence or information relevant to the matter submitted;

(c) to summon any person who directly or indirectly has dealt with the assessment, to appear before it for questioning him about the case under its investigation; and

